ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa (Date): Hagaya 08, 2008 **Lakko. (No.):** 08/ABO/08

Waldhibdeen Gartuu Asmaraa Giddutti Uumame Uummata Oromoo Addaan Babaasuu hin Danda'u

Seeraa ala ka ta'ee fi amanamummaa uummata Oromoo ka irraa godaanee jiru Gartuun Asmaraa ani Adda Bilisummaa Oromootti (ABO) ofiin jechuu dhan sagantaa diinota qabsoo bilisummaa Oromoo fiixaan baasuuf tattaafataa jira. Hojii isaa kanas caalaatti ittifufee yeroo ammaa kana bakka lamatti walqoodee argama. Akka ragaa hedduun hubachiisutti gargar bahiinsi gartuu kanaa fedhii dhaabota siyaasaa Abashaa adda addaa biyya alaa jiran Oromoo diiguuf fedhii qaban irraa ka madde ta'uun isaa ifaa dha.

Bifa haarawaan ka wal irraa fottoqee fi seeraa ala ta'ee ka jiru Gartuun Asmaraa kun Oromiyaa ganuu dhan Itoophiyaa dimokraatessuu kakatee ifatti waadaa ka gale dha. Gartuun kun mallattoo kakuu Itoophiyaaf qabu dhugoomsuuf walgahii fi hiriira ummatni Oromoo ambaa London, Washington D.C fi bakka adda addaatti qabsoo bilisummaa ummata keenyaa jabeessuuf geggeessaa ture irratti argamee alaabaa Itoophiyaa afarsuu dhan ummata keenya gaddisiisaa tureera. Addii Bilisummaa Oromoo (ABOn) kan dhaabbatu Oromiyaa fi malee Itophiyaaf miti. Kanaaf, gartuun kunii fi kitillaayyonni isaa ABO jedhanii of yaamuu akka hindandeenye hubachiisaa turreera; ammas irra deebinee hubachiifna.

Caalaatti kan nu yaaddessaa jiru Gartuun Asmaraa bakka lamatti bahee jiru kun qaanii malee fedhii dhoksaa ofkeessaa qabu fiixaan baasuuf otuma irratti beekamuu ifatti ija dhiibuu dhan ummata Oromoo biyya ambaa jiraatan kutaan gargar hiruu hojii isaa godhatee jira. Bakka lamatti ka wal qoodan gartuun Asmaraa kun yaadni dhoksaan isaan qaban Abashoota waliin walta'uun tokkummaa Oromoo diiganii eenyummaa isaas dhabamsiisuuf.

Gartuun arman olitti tuqatame kun waggoota kurnan dabran keessa tokkummaa ummata Oromoo diiguu fi qabsoo bilisummaa isaa laaffisuuf rakkoo inni geessisaa ture yeroo yeroon akkeekkachiisaa turreera.

Seeraa ala sagantaa siyaasaa ABO jallisuu dhan qaanii malee dhaabota siyaasaa nyaapha Oromoo ta'an ka akka Qindoomina Paartii tokkummaa fi dimokraasii Itoophiyaa (CUD), Adda Gootota Ummata Itoophiyaa (EPPF), 'Yaaddoo keenyaaf Wabii Ebla torbaa' ka ofiin jedhu akkasumas Waltahiinsa bilisummaa fi dimokraasii (AFD) maqaa jedhuun ka Ertiraan ijaartee fi kkf fakkeenyaaf tuqachuun nidanda'ama.

Ammas gartuudhumti kun Oromoo fi Oromoo ija jibbaatiin wal irratti kakaasuu dalaga ykn hojii isaa godhatee jira. Gartuudhuma Asmaraa kana dha ka miseensota Waraana Adda Bilisummaa Oromoo (WBO) bara 2002 bona isaa kibba Oromiyaatti walitti buusuu dhan garmalee dhiigni akka dhangala'u kan godhe. Yeroo ammaa kana ABO dhabamsiisuuf jecha Gartuun Asmara maallaqa maqaa qabsootiin ummata keenya irraa walittifunaanu falamaa mana seeraa ittifufee baasii abukaattoo biyya alagaaf doolaara kumaatamaan dhangalaasa jira.

Deggertoota Gartuu Asmaraa bakka lamatti walbaasanii jiran kanaaf ergaan dabarsinu, hogganoota ka ofiin jedhan bara 2001 jalqabanii miseensota ABO bakka adda addaatti hiruu dhan yommuu milkaawan amma immoo hawaasota Oromoo biyya ambaa kutaan adda adda baasaa jiru. Gocha mul'atu irraa yommuu ilaalamu miseensotni Gartuu Asmaraa lakkobsi isaanii yaraa ta'e shakkii hundee malee namaan umamee fi yaada duubatti deebi'aa nama suukaneessu gara biyyaatti Oromiyaa keessa facaasaa jiru. Yaadni booddessaan akkasii kun daddaffiin dhabachuu akka qabu hubaachiisaa kaayyoo bilisummaa irratti otoo hintaane kutaa fi ganda irratti wal ijaaruun ollaa keenya biyya Somaalee irratti bala inni fide irraa barachuun dirqama ta'ee argama.

Addi Bilisummaa Oromoo(ABOn) ka umame qabsoo dhan Oromiyaa bilisoomsuuf waan ta'eef fuuldurattis karuma kanaan ittifufa. Ka ijaaramnes yaada Oromummaatii fi kaayyoo siyaasaa walabummaa Oromiyaa jalatti waan ta'eef yomm iyuu taanaan haqa Oromoo dabarsinee dantaa keenyaan jijjiiruu hindandeenyu. Qabsoo bilisummaa Oromoo fuuldura tarkaanfachiisuuf ABOn Tokkuummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBO) fi dhaabile walaba Oromoo waliin tokkuummaa cimfatuu qabna jennaa.

Ijoon dubbii sochii Gartuu Asmaraa irraa barachuu dandeenyu yoo jiraate kan isaan umee fi gargaarsas godhaafii jiran humnoota diina Oromoo ta'ani dha. Kanaaf, bittaa ykn kolonii alagaa jalaa bahee bilisummaa biyyaa isaa gonfachuu fi mirga isaa deebifachuuf Oromoon qabsoo ha'dhooftuu yommuu gochaa jiru gartuun fedhe illee yoo badii dalagu irraa qooda akka hinfudhanne ummata keenya akeekkachiifna.

Karaa dhugaa irra waan jiran isinitti fakkaatee sabboonummaa fi Oromummaa keessan jabeessuu dhan amma iyyuu Gartuu Asmaraa deggeraa ka jirtan hundi bakka lamatti walqoodanis, tokko ta'anis kaayyoon isaanii adda addummaa akka hinqabne hubachiisuu barbaadna. Waan ta'eef dhaabolii kana waliin dhaabbachuu irraa of qusattanii mooraa qabsoo bilisummaatti dabalamuu dhan Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) isa dhugaa waliin mootummaa Abashaa ummata Oromoo lafa irraa duguugaa jiru irratti qabsoo gochuu qofa otoo hintaane gartuun Asmara ummata keenya walii isaa walwaraansisuuf sochii itti jiru irraa ittisuuf akka dandeenyuuf ammas waamicha isiniif goonu ittifufna.

Gochi itti gaafatamummaa hinqabne Gartuu Asmaraa bakka lamatti citee kun eenyummaa fi tokkummaa ummata keenyaaf hedduu sodaachisaa ta'ee mul'ata. Tokkummaa ummata Oromoo ka jabeessee jiru bosona Oromiyaa keessatti waggoota afurtamman dabran dhiiga goototaa dhangala'ee fi lafeen isaanii caccabe walitti baquu irraaa ka madde yommuu ta'u tokkummaan kun ayyaan laallattootaa fi farreen qabsoo bilisummaa Oromootiin akka diigamuuf karaa laachuufii hinqabnu. Waan ta'eef Oromoonni biyya ambaa jirtan gargaarsa keessan gartuu Ummata Oromoo irratti shira hojjetaa jiru kana irraa akka dhaabdan; akkasumas maqaa kutaatiin akka jala hinhiriirre hubachiisaa, irra deebinee waamicha atattamaa qabsoo isiniif goona.

Ummatni Oromoo tokkummaa isaa yoom iyyuu caalaa amma akka damaqinaan eeggatu; akkasumas qabsoo isaatiin bu'aa haga ammaatti argatee jiru hooggana ABO isa dhugaa cina hiriiruu dhan akka eeggatu hubachiisuu feena.

Ummata Oromoo fi deggertoota keenya dhugaa hundaaf daballee waadaa kagallu waggoota dhibba tokkoo ol koloneeffataa Abashaa jala ka turtee fi ammas ka jirtu biyyi keenya Oromiyaan haga hinjifannoon bilisummaa ishee gonfattutti hooggana ABO dhugaatiin qabsoo geggeeffamaa ture ammas ka ittifufnu ta'uu keenya irra deebinee addeessina.

Oromiyaan nibilisoomti!

Dhugaasaa Bakakkoo

Dhugaasaa Bakakkoo
Hayyu Duree Adda Bilisummaa Oromoo